

 Camp Coordination  
and Camp Management

 Child  
Protection

 Food Security  
and Agriculture

 Housing, Land  
and Property

 Education


 Health


 Humanitarian  
Mine Action


 Nutrition

 Livelihoods

 Protection

 Shelter, Settlement  
and Recovery

 Water, Sanitation  
and Hygiene

 Humanitarian Operati  
Support Sectors

# AKKATA ITTIN BARAARAMTOOTA GARGAARAN

YEROO HOJJATTOONNI GBV NAANNOO KEESSAN HIN JIRRETTI  
QOCCOLLOO SAALA / KOORNIYAA IRRATTI HUNDAA'E

Qajeelcha Barruu Xiqqaa Sadarkaa Sadarkaan hojjattoota namoomatiif

**Jiildiin Barruu Xiqqoo kan Qoccolloo Saala irratti hundaa'e agarsiisu fi appilikeeshiniin bilbila harkaa kan bara 2020 qophaa'e kun gargarsaa mallaqaa UNICEF fi UN Women irraa argameeni dha. Jiildaa afaan Ingiliffa kan wal ta'aa ta'ee fi kan qabeenya hundaa ta'ee fi akka Itoophiyaaf mijaatutti kan qophaa'ee dha. Wal barsiisu fi hiikaan afaanii Qajeelch Barruu Xiqqaa kan gaggeefame UNICEF, UNFPA, UN Women, fi Miniisteera Dubartoota, Daa'immani, fi Dargaggoota (MoWCY) gargarsa teekinikaa dabalataa ispeeshalistoota warreen akka Koree Baraartota Namoomaa Idil Addunyaa, Eegdoota Daa'imaani fi Qoccolloo Saala irratti hundaa'eef kan itti gaafatamaan, fi Caasaa PSEA Itooppiyaa waliin ta'uudhani. Odeeffannoo akkaata galumsa Itiyoophiya irratti dabalataan, meeshaaleen akka wabiitti gargaaranii fi jechoonni wantoota fudhataman keessaa isaan ijoodha.**

---

Jiildiin Qaleelcha Barruu Xiqqaa GBV kun gara afaanoota akka Amaariffa, Afaan Oromoo, Tigiriffa fi Somaliffaatti Translators Without Borders dhaan kan hiikame yoo ta'u, Miniisteera Dubartootaa, Daa'immanii fi Dargaggoota Itiyoophiyaatiin fudhatama argatee jira.



Camp Coordination  
and Camp Management



Child  
Protection



Food Security  
and Agriculture



Housing, Land  
and Property



Education



Health



Humanitarian  
Mine Action



Nutrition



Livelihoods



Protection



Shelter, Settlement  
and Recovery



Water, Sanitation  
and Hygiene



Humanitarian Operations  
Support Sectors

# Qajeelchi Barruu Xiqqaa maali dhaa?

Qajeelchi Barruu Xiqqaan *kunii fi* meeshaaleen gargaarsaaf oolan kan biroon<sup>1</sup> hojjattoota namoomaa hundumaaf

**odeeffannoo** kannen armaan gadii dhiyeessa:

- Nama qoccolloo saalaa (GBV) irraa hafeef akkamitti gargaarsi akka godhamu
- Muxannoo GBV isaanii kan isiinif qoodan
- Haala taatonni/hojjattooni GBV (gaggeessitu GBV fi qaama GBV dhimmi ilaallatu) hin jirre keessatti.

*Qajeelchi Barruu Xiqqaan* un baraaramtoota GBV tiif osoo rakkoo hin geessisin deeggarsa bu'uura fi odeeffannoo dhiyeessuu irratti ulaagaa idil addunyaa fayyadama. Haala baraaramaa giddu galeessa godhatee fi haala qabatamaa naannoo keessan jiruun wal simuun gargarsa hojjaattoota GBV tiin qabiyyeen kun akka fudhatamu/hojiira oolu ni jajjabeessina.

*Qajeelchi Barruu Xiqqaan* Kun kan fayyadamu fireemworkii Psychological First Aid (PFA) (Qopheesu, Ilaaluu, Dhageefachuu fi Qunnamsiisuu), beekumsa duraan jiru dha yookan shakkalii PFA hin barbaachisu. Leenjiin PFA hunda hirmaachisuu ni jajjabeeffama.

<sup>1</sup> Qajeelcha Barruu Xiqqaa waliin , Yaadannoo Dugduubbee fi Odeeffannoo Fayyadamaa/Akkamitti Akka Qajeelchu kan jedhu ni jira.

# Qabiyyeewwan

KUTAA	FUULA	KAN FAYYADAMTANIIF
<b>Ergaawwan ijoo</b>	2 fi 3	<i>Qajeelcha ariifachiisaa</i>
<b>Caasaa/cancala murtii</b>	4	
<b>Fuula/madda odeeffannoo</b> tajaajilawwan amma jiraaniif	6	
<b>Kan gochuu qabdan,</b> <b>Kan gochuu hin qabne fi</b> <b>maal jechuu akka qabdan</b>		
Ilaali	8	
Dhaggeeffadhu	9	
Wal qunnamsiisi	10 fi 11	
<b>Qajeelcha Sadarkaa</b> <b>Sadarkaadhaan</b>		<i>Qophii fi beekumsa</i> <i>ijaaruu fi</i> <i>oogummaawwan</i> <i>deebii kennuu</i>
Gargaarsa fi PSEA barbaaduu	12	
Qopheessi, Ilaali, Dhaggeeffadhu & Wal qunnamsiisi.	13 - 16	
<b>Ijoollee fi ga'eessota</b>	17 - 20	<i>Daa'immanii fi</i> <i>dargaggoota waggaa</i> <i>18 gadiif qajeelcha</i> <i>hatattamaa</i>

# Ergaawwan ijoo

**Tajaajilawwan GBV naannoo keetti argaman baruuf** yeroo hunda jalaqaba ogeessa GBV tti haasa'i. Tajaajilawwan tokko tokko bifa hootlaayinii, appilikeeshinii moobaayilaa yookin deeggarsa fageenya irraa taasifamuun ta'uu mala.

**Tajaajilawwan kan biroo naannoo keetti argaman** beeki/hubadhu. Tajaajilawwan hojjatoota namoomaa fi mootummaadhaan kennaman kanneen akka fayyaa, gargaarsa xiinsammuu hawaasummaa, bakka jireenyaa, gargaarsa seera, fi waan nyaata irraa adda ta'ee irratti kennaman fa'i. Tajaajilawwa hawaasan kennaman kanneen tajaajila sadarkaa bu'uuraa/sadarkaa gadii, amantaa irratti hunda'ee, dhaabata /garee dubartootaan gaggeeffaman fi tajaajila qaama midhaamtota ilaali/yaada keessa galchi.

**Ga'ee keessan yaadadhaa.** Murtee irraa bilisa ta'uun dhaggeeffadhu. Tajaajilawwan jiran ilaalchisee odeeffannoo sirrii fi waktaawaa ta'e dhiyeessaa. Baraaramtoonni ofii isaanitiin akka filatan godhaa. Waan gochuu dandeessanii fi hin dandeenye baraa. Yooma hojjataan GBV naannoo kee hin jirre iyyuu, hojjattoonni kan biroo, kanneen akka ogeeyyiin eegumsa daa'immanii yookin fayyaa sammuu bararamtoota deeggarsaa fi bifa addaan deeggarsa barbaadan gargaaran jiraachuu malu. Osoo nama biraan wal hin qunnamsiisin dursa eeyyama baraaramaa sana gaafadhu. Baraaramaana yoo lakki jedhe hin dirqisiisin.

Namoota GBV irraa oolan eenyummaa isaanii hin ibsin yookin hin barbadin. Tarii namni gargaarsa gaafatu yoo jiraatef of qopheessi.

**Ga'ee keessan yaadadhaa.** Saalan, rammadi saalan, eenyumma saala, haala gaa'ila, hir'ina qaama qabaachuf dhabuun, umuurin, sanyii/gosa/qoomon/amantaan, kan midhaa gessise/kan midhaan irra ga'een, fi haala ittiin miidhaan qaaqabeen osoo gargar hin baasin, hojjattoonni namoomaa hundi namoota gargaarsa barbaadaniif deeggarsa icciitiin isaa eegamee fi addaan nama hin qoodne dhiyeessutu irraa eegama.

Kanneen armaan gadii shaakaluun/fayyadamuun **mala baraaramaa giddu galeessa godhate fayyadami:**

- **Kabaja:** waan ati rawwatu hundi akkaataa kabaja, filannoo, hawwii, mirgaa fi kabaja baraaramaa irratti kan hunda'een ta'uu qaba.
- **Nageenya:** Nageenyi baraaramaa waanta dursi kennamuufidha.
- **Iccitiiti:** namootni mirga nama seenaa isaanii itti himani fi dhiisan filachuu danda'u. Iccitiiti eeguu jechuun odeeffannoo nama kamiiffiilee qooduu dhiisuu jechuudha.
- **Logii gochuu dhiisuu:** nama gargaarsa barbaadu hundaaf deeggarsa wal qixa fi madaalawwa kan ta'ee kennuudha.

Yoo tajaajilli fayyaa jiraate, yeroo hundaa waan jiru qofa irratti odeeffannoo kenna. Waan beektu qoodi, addumatti ammoo waan hin beekne qoodi. Namni baraarama tajaajiloota jiran argachuu ilaalchisee ofii akka murteessan godhi. Yaalaa fayyaa qulqullina qabu sa'aa 72 keessatti argaachuun dhukkuboota wal qunnamtii saalan daddarbaan (STIs) irraa nama olcha, akkasumas sa'aa 120 keessatti ammoo ulfaa hin barbaachisne ittisa.

Haala sana keessatti fedha yoo qabaatanii fi walitti dhufeenyi sun dhiibbaa isaan irratti hin qabu yoo ta'e, ijoollee fi namoota qaama midhaamo ta'aan namni isaanii kunuunsa godhu isaan bira yoo jiraachuu baates akka si waliin haasa'an carraa kenniif.

Dhiirri yookin dargageessi yoo gudeedame namni sun fedhii saal-qunnamtii dhiira fi dhiiraa yookin kan dhiiras kan dubartiis qaba jechuu miti. Miidhaan/qoccolloon saala irratti hunda'ee kan dhaqaba humna irratti hundaa'uni malee eenyummaa saala namaa **irratti** hundaa'ee miti. Haa ta'uuyyu malee, sababa eenyummaa saalaa yookin fedhii saalaa kana jedhamee fudhatameef, miidhaan/qoccolloon nama irratti gaggeeffamuu ni danda'a.

Sababa fedhii saalaa/eenyummaa saala isaanitiif namootni LGBT ta'an yeroo carraa miidhamuu fi hiraarfamuu/qoccolamuutiif saaxilamoodha. Sirriitti dhaggeeffachuun Baraaramtoota hunda gargaari.

Hadha mana/abbaa manaa, kan waliin jiraatan, miseensa maatii, kunuunsitu, amaatii/ amaachii, keessummaa, maatii, tajaajila kan kennan yookan kan mallaqa wal jijjiiran yookan faayidaa miidhaa saalan mudatuuf kan godhan dabalatee namni kamiyyuu miidhaa/ qoccolloo saalaa ni gaggeessa.

Namni kamillee miidhaa/qoccolloo saala irraa baraaramuu ni danda'a -- kunis kan dabalatu, garuu kan hin dangooftnes, namoota ga'iila dhabbatan, kan hir'ina qaama qaban, ijoollee, namoota LGBT, jaarsolii, yookan namoota hojii daldala saal-qunnamtii irratti bobba'an.

**Eenyumma fi nageenya baraaramtootaa eegi. Waa'ee nama baraaramee yookin waan isaan mudate odeeffannoo dhuunfaa/eenyummaa isaanii mul'isu hin barreessin, suura hin kaasin yookin afaanin illee namatti hin himin, gaggeessaa keetti illee hin himin. Namni baraarama sagaleen koo ni waraabame jedhee akka hin yaaddofnetti, bilbilaa fi kompiitara achii fageessii kaa'i.**

- Maqaa nama olee/baraaramee, nama miidha geessisee(saan), guyyaa dhaloota, lakkoofsa galmee, bakka jireenya, bakka hojii, bakka itti ijoolleen isaanii deemani barataan, yeroo sirrii fi bakka taateen sun itti raawwate, kkf. dabalatee odeeffannoo dhuunfaa/eenyummaa namaa ibsan.
- Odeeffannoo walii galaa, kan eenyummaa namaa hin ibsine :
- Sagantaa kee naga qabeessa taasisuuf garee yookin miiltoowwan seektara waliin hojjattaniif;
- Of kununsu fi jajjabina yeroo barbaaddutti, caasaa gargaarsa keetiif qoodi.

---

**"Sababa fagoo ta'ee fi waan namni achi hin jirreef yeroo heddu namoonni bakka bishaan waraabanitti qoccolloon akka isaan mudachaa jirutu natti dhagahama. Namoonni bishaan bakka dhiyeenyatti argamuu akka waraaban yookin baay'atanii wal faana akka waraaban jajjabeessudhaan miidhaa / qoccolloo qaqqabu kana hir'isuudhaaf yaaluu ni dandeenya, yookin ... "**

**"Namni ta'e tokko waan hamaa kanaan dura isaanirra ga'ee naaf qoode. Ani gadi fageenyaa waa'eesaa hin himu, garuu waayee miidhaa mudannoo kanaa irraati gargaarsa argachuun barbaada. "**

**Namni miic  
qoccolloor  
irra ga'ee y  
dhiyaate m  
gochuun q**



dhaan /  
n saalaa  
oo natti  
maal  
pabaa?

# Caasaa / cancala murtii

## Taaten GBV isinitti himamee jira

### NAMA OLEE / BARAARAMEEN

### ILAALI & DHAGGEEFFADHU (fuula 7 fi 8 ilaali).

Of beeksisi.

Akkamin akka gargaartu gaafadhu.  
Kabajaa, nageenya, icciitii eeguu fi  
loogiin ala ta'uu shaakali.

Waa'ee tajaajiloota kamiyyuu akkasumas deeggarsa baraaramaadhaaf kennamanii irratti odeeffannoo sirrii ta'e Kenni. Fedhii isaanitiin akka himaniif, namni dhuunfaa sun odeeffannoo kana icciitidhaan nama baraarametti akka himu jajjabeessi.

**YAAADANNOO:**  
Namoota GBV irraa hafan HIN  
barbaadinaa.

**QOPHEESSI**  
Waayee tajaajiloota yeroo ammaa kana jiranii beekaa.

**GBV dha  
hojjataan / karaa  
agaarsistuun  
ni jiraa?**

**EYYEE**

Waa'ee tajaajiloota GBV jiranii nama baraarama sanatti himuuf karaa agarsiiftuu GBV hordoofi akkasumas namni baraaramee yoo fedhii qabaate / tef akeekii.

**LAKKI**

**WAL  
QUNNAMSIISTUU**

(fuula 9 fi 10 ilaali)

Waa'ee tajaajiloota jiranii odeeffannoo sirrii ta'e dhiyeessaa.

**Namni  
baraarama  
sun tajaajila  
kanatti  
fayyadamuu ni  
barbaadaa?**

**EYYEE**

Akkamitti akka argatan, yeroo sirrii fi bakka isaa, namoota dhimmi isaa ilaallatu, bakka tajaajilootni itti argaman, filannoowwan geejjibaa naga qabeessa ta'ee fi kkf dabalatee qabeenya/tajaaloota jiranii ilaalchisee odeeffannoo bal'aa ta'e kennaafi. Osoo nama oole/baraarama hin eeyyamsiisin odeeffannoo nama sanaa yookan mudannoo isaanii nama biraaf hin qoodin. Waa'ee waan mudaate yookin waan nama baraarama sana ibsu gadi fageenyan hin galmeessin.

**LAKKI**

lociitii eegaa.

Namni oole/baraarama sun tarii yaada isaa/ishee jijjiirrachuudhaan yeroo barbaadetti tajaajiloota isa/ishee barbaachisu argachuu akka danda'u ibsaafii. Tajaajilootni yeroodhaaf, jijjiiramoo yookan yeroo muraasa qofaaf turu yoo ta'e, tajaajilootni jiran kun hangam akka turan odeeffannoo kennaafii.

**GARGAARSA ISAAN  
BARBAADAN IRRATTI  
HUNDA'UUDHAN,  
TAJAAJILOOTN  
GARGAARSA  
KAN ANII SIRRIITI  
MUL'ISEE NAMOOTTA  
BARAARAMANITTI  
AGARSIISU DANDA'U  
MAAL FA'AADHAA?**

---



# Galmee odeeffannoo

Tajaajila naannoo keessanitti argamu argachuuf galmee odeeffannoo kana irratti guutudhaan bakka salphaatti argamuu danda'u kaa'aa. Galmee kana yeroo yerootti haareessaa sababni isaas tajaajilichi bifa jijjiirrachuu (fakkeenya tajaajilaa fageenya irraa yookin gara bakka bakkaatti), tajaajilli haaraas jalqabu yookan tajaajilichi yeroon isaa dhumuus waan danda'uuf.

Tajaajiloota (1) karaa miiltoowwan namoomaa dhiyaatan fi (2) tajaajiloota karaa mootummaa dhiyaatan akkasumas (3) tajaajiloota hawaasa irratti hundaa'anii argaman

kanneen akka bakkeewwan/gareewwan amantaa, gareewwan shamarraniin durfaman, gareewwan dargaggoo irratti xiyyeeffatan, Dhaabbilee namoota qaama miidhamoo fi k.k.f adda baafachuuf hojjaata ol-aanaa GBV, gaggeessaa garee fi miiltoowwanii, yookan CP-GBV AoR waliin hojjadhaa.

Tajaajiloota kana akkamiin akka argatan, eessaa akka argatan, eenyu akka gaafatan, akkasumas namni kam akka ilaaluf/ ilaalu hin dandeenye (fkn. dubartoota qofa, galmee barbaachisaa, kkf.) dabalatee odeeffannoo barbaachisaan hunda barreessaa.

## Waajira Dhimma Dubartoota , Daa'immanii fi Dargaggootaa Gandaa yookin Aanaa

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

### Egumsa Ijoollee

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

### Gargaarsa fayyaa sammuu/xiinsammuu

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

### Fayyaa

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

### Fayyaa wal-qunnamtii saala fi hormaataa

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

### Too'annoo kiiliniikaa gudeeddii dirqii

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

**Buufata poolisii ganda/sadarkaa waradaa**

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

**Waantota nyaata hin taane/WASH incl. meeshaalee gargaarsaa**

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

**Godoo ( kan akka godoo dubartootaa)**

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

**Seera**

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

**Nyaataa fi nyaata madaalawaa**

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

**Tajaajila ijoolleef/dargaggoof**

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

**Tajaajiloota namoota qaama miidhamoo ta'aniif kennaman**

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

**Tajaajiloota namoota LGBTI+ ta'aniif kennaman**

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

**Tajaajiloota ijoolleef yookan dubartoota mana bulchaniif kennaman**

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

## **Qabxii xiyyeeffannoo PSEA kan dhaabbata keessanii**

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN: \_\_\_\_\_

XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

## **Haala jireenyaa fi diinagdee**

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

## **Garee dubartootaa**

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

## **Kan biroo 1:**

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

## **Kan biroo 2:**

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

## **TAJAAJILOOTA NAANNOO**

Tajaajirootni kun magaalota gurguddoo naannoo baay'etti ni argamu. Odeeffannoo waayitawaa argaachuf Biiroo Dhimma Dubartootaa, Daa'immanii fi Dargaggootaa qunnamaa.

## **Wiirtuu Deeggarsa Dubartoota Miidhaan Qoccolloo Saalaa Irra Gahee**

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

## **Toora qunnamtii naannoo/Sarara gargaarsa GBV tiif**

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA BILBILAA: \_\_\_\_\_

## **TOORA QUNNAMTII GBV BIYYAALESSAA**

### **Toora qunnamtii sadarkaa biyyaalessaatti**

ODEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

QABXIIWWAN XIYYEEFFANNOO: \_\_\_\_\_

LAKKOOFSA TOORA QUNNAMTII: \_\_\_\_\_



**HAALA KANA  
KEESSATTI  
AMALA AKKAMIIN  
AGARSIISUU  
QABA?**

---

**WANTOOTNI  
GODHAMUU  
QABANII  
FI HIN QABNE  
MAAL FA'I?**

# GODHAMUU KAN QABAN, GODHAMUU KAN HIN QABNE FI MAAL AKKA JEDHAMU

ILAALI

## GODHI

**GODHI** baraaramaan akka sitti dhiyaatu.

Waan isaan fedhan dhaggeeffadhu.

**GODHI** jalqaba wantoota barbaachisoo ta'aniin akkamitti akka gargaarsa gootu gaafadhu. Namootni olaan tokko tokko gargaarsa fayyaa yookan uffataa safiisan barbaadu ta'a.

**GODHI** namni baraarame bakka amma jirtutti si waliin haasa'uudhaaf akka itti tolu gaafadhu.

**GODHI** Nmami baraarame nama biroo waliin jira/rti yoo ta'e nama sana biratti itti haasa'uun sirriidha jettee hin yaadin.

**GODHI** gargaarsa qabatamaa kan akka bishaan kennuu, bakka kophaa taa'an, sooftii fi kkf dhiyeessif.

**GODHI** barbaachisaa ta'e namni baraarame nama afaan hiikuf fi/yookin gargaaru akka filatan hanga dandeessu gaafadhu.

## HIN GODHIN

HIN TUFFATIINAA Nama isinitti dhiyaatee waanti badaa, kan namatti hin tole, waanti sirrii hin taane akka irratti mudate yoo isinitti hime / te fi / yookan miidhaa / qoccolloo.

Gidduu seenuun yookan dhiibun akka namootni gargarsaa argaatan HIN taasisin.

**Humnaan/miira keessa** HIN seenin.

Tasgabbaa'i.

**Namni baraarame odeeffannoo hanga dubbachuu qabu/qabduun alatti odeeffannoo dabalataa akka himu/mtu** HIN godhin.

Gahee dhaggeeffattee odeeffannoo kennuu keessatti, waa'ee waan ta'ee gadi fageenya fi eenyun akka ta'e beekun murteessaa yookin barbaachisaa miti.

tajaajilawwan jiran irratti.

Namani Qoccolloon Saalaa (GBV), gudeediin, reebichi, fi kkf yoo irra gahe HIN gaafatin.

## Fakkeenyawwan waan jechuu qabduu...

"Amma ati waan baayee ulfaata keessa jirta, amma gara buufata fayyaa deemuu nii barbaddaa?"

"Bakki kun sitti tolaa?"

Bakki biraa caalmatti sitti tolu jiraa?

Asitti waliin haasa'uudhaaf sitti tolaa?

"Bishaan ni barbaaddaa?"

Taa'a Maaloo."

# GODHAMUU KAN QABAN, GODHAMUU KAN HIN QABNE FI MAAL AKKA JEDHAMU

DHAG-  
GEEF-  
FADHU

## GODHI

**GODHI** odeeffannoo siif qoodame icciitidhaan eegi.

Nama baraarama gargaarudhaaf deeggarsa fi gorsa yoo barbaadde, ogeessa yookin hiriyaa gaafachuudhaaf jalqaba nama baraarama sana eeyyamsiisi.  
Eenyumma nama oole sanaa osoo hin beeksisin hojjadhu.

**GODHI** haala keessa jirtu keessatti hojiirra oola yoo ta'e, waan eegamu hunda hanga eeguu dandeessutti icciitii kee godhadhu, .

2

**GODHI** hojii kee keessatti waan sirra eegamuu godhi.

**GODHI** Kan dubbattu caalaa dhaggeeffadhu.

**GODHI** jechoota jajjabinaa fi gargaarsaa dubbadhu; waanti isaan mudate dogoggora isaanitiin akka hin taane itti himuun jajjabeessi.

## HIN GODHIN

Waa barreessuu, suuraa nama baraarama kaasuu, haasaa isin gidduutti taasifame bilbilaan yookin meeshaa biroon waraabuun yookin miidiyaa dabalatee qaama biraaf qooduun HIN DANDA'AMU.

**Waa'ee waanta isaan irratti mudatee** HIN GAAFATIIN.

Bakkasaa, dhageeffadhuu akkasumas maal gochuun akka gargaarunii dandeessu gaafadhu.

**Mudannoo nama sanaa fi waan nama kan biraa irratti raawwate** wal bira qabdee HIN MADAALIIN.

Waan isaan irratti mudaate akka “waan guddaa hin taanetti” yookan akka waan barbaachisa hin taanetti itti hin dubbatin.

Wanti nama dhibu namootni olaan akkamiin akka itti dhaga'amuudha.

**Waan namni sitti hime** HIN SHAKKIN yookin HIN MORMIN.

Gaheen kee osoo murtee hin kenniin dhaggeefachuu fi tajaajiloota jiran irratti odeeffannoo kennuu akka ta'e yaadadhu.

## Fakkeenyawwan waan jechuu qabduu...

“Akkaminan si gargaruu danda'a?”

Waan nuti dubbanu hundinuu nu gidduutti kan hafu ta'a. Ani fedha kee malee waan tokkolee dabarsee hin qoodu.”

“Hamman danda'eetti si gargaaruf nan yaalaa, garuu ani gorsaa miti.

Odeeffannoo si gargaaru kamiyyuu siifan laadha.”

“Waan natti himu barbaaddu hunda natti himi.

Gargaarsa jiru irratti odeeffannoo siif kennuudhaaf waan si mudate natti himuun dirqama miti.”

“Kuni si mudachuu isaatiif nan gadda.”

“Taaten mudate dogoggora keetiin miti.”

# LIINKIWWAN

## GODHI

Baraaramtoonni murtii mataa isaanii akka fudhatan GODHI.

**GODHI** miseensa maatii yookon hiriyaa ta'uu danda'aa,odeeffannoo kenni.

**GODHI** namni baraaramame amma murtee akka hin murteessine itti himi; sababni isaa booda yaada jijjiiruun tajaajilawwan kanneen, nama kunuunsa kennu yookin nama baraaramaan bira deemee gargaarsa argachuudhaaf amanu argachuu danda'u waan ta'eef.

**GODHI** akka namni olee/baraaramame sun nama amanuu qunnamuf bilbila harkaa yookan waan ittin wal qunnaman isin bira jiruu kennafi, yoo kana gochun isinitti tole.

**GODHI** tarkaanfii homaatu osoo hin fudhatin dura eeyyama nama baraaramame gaafadhu.

**GODHI** Haasaa miira gargaarsa kennuutiin xumuri.

## HIN

Dandeettii kee agarsiisuu, abdi sobaa kennuu yookin odeeffannoo sobaa kennuu HIN qabdu.

Tarkaanfii yookin itti aansee maaltu akka hojjatamu irratti gorsa yookin yaada mataa keetii HIN kennin.

**Waanta namni biraa babaadu yookin fedhii nama biraa akka waan beektutti** of HIN fudhatin.

Waan godhamu tokko tokko nama biraa rakkoorra, waan ulfaatarra, haaloo ba'uu yookan miidha irra buusuu danda'a.

Waa'ee nama biraa tilmaamu yookan waan isaan mudatee, akkasuma nama adda addaa HINqoodin umurii, haala fudhaf heeruma, hir'ina qaamaa, amantaa, qomoo, kutaa, saala, gosa saala isaa, eenyumaa nama ilaaluu, kkf dabalatee sababa kamiinuu nama addaan hin baasin/qoodin .

Nama qoccooloon GBV irra gahee fi nama kan biraa kamiyyuu (Kan akka yakkamaa, yookan nama sadaffaa kamille kan akka miseensa maatii, miseensa garee hawaasumma, dursaa hawaasaa kkf.) gidduutti araara, nageenya yookin haalicha furuu HIN yaalin.

**Bal'ina taatee sanaa fi odeeffannoo eenyumaa baraaramaa ibsu** HIN qoodin.

Kun kan dabalatu miseensa maatii nama olee sana, poolisii/humna eegumsaa, dursaa hawaasaa, hiriyaa, gaggeesaa, kkf.

Odeeffannoo kana qoodun nama nama baraaramame miidhaa caaluf saaxila.

Erga waliin haasaa xumurtaniin booda waa'ee nama baraaramee yookiin toora qunnamtii HIN gaafatin.

# LIINKIWWAN (kan itti fufe)

## Fakkeenyawwan waan jechuu qabduu...

"Gaaffiif deebiin/haasan keenya nu gidduutti hafa."

"Ani gorsaa miti, haa ta'uu malee, odeeffannoon qabu sitaan hima.  
Namootni/dhaabbileen gargaarsa adda addaa siif fi/yookan maatii keef kennan jiru.  
Waa'ee isaanii beekuu barbaaddaa?"

"Kanneen armaan gadii bal'ina tajaajilaati, bakka, yeroo itti tajaajilichi jalqabu/banamuu, baasi (yoo jiraate), filannoo geejjibaa fi maqaa nama itti wajjin haasa'uu dandeessuu dabalatee jechuudha."

"Namni gargaarsaf bira dhaquudhaaf amantu jiraa, Miseensa maatii yookan hiriyaa ta'uu danda'a?  
Nama yeroo kanatti barbaaddutti bilbiluudhaaf bilbila kiyya fayyadamuu barbaaddaa?"

"Gara sadarkaa itti aanutti yeroo deemnu, waanti barbaaddu fi waanti sitti tolu waan baayee murteessa fi bakki itti kennamuudha."

"Murtoo fudhachuuf amma baay'ee hin dhiphatin.  
Waan barbaadde yaaduu dandeessa akkasuma gara fulduratti yeroo feete yaada kees jijjiiruu dandeessa."

"Ani nama kamii wajjiniilee waa'ee keef furmaata kennuuf hin haasa'u. Garuu waantin ani gochuu danda'u, yeroo haassofnu si gargaaru fi yaaddoo/rakkina kee dhaggeeffachuudha."

"Akkan sirraa hubachaa jirutti akkaataa asii deemu irratti karoora waan qabdu fakkaata.  
Inni ammoo sadarkaa sirrii dha."

**"Akkan  
sirraa  
hubachaa jirutti  
akkaataa asii deemu  
irratti karoora waan  
qabdu fakkaata.  
Inni ammoo  
sadarkaa sirrii  
dha."**

Akkam  
sadarkaa

Deeg

qajee

ninan sadarkaa  
adhaan itti fufuu  
danda'a  
garsa jalqabaa  
xiinsammuutiif  
elfamoonni jiran  
maal fa'i?

# QAJEELCHA SADARKAA SADARKAAN ILAALCHA BARAARAMAA:

## Faayidaa fi Balaa Gargaarsaa Barbaaduu

Nama oole tokkoof yeroo hunda gargarsa gaafachuun gaarii miti akkasuma gara miidha isa caalutti geessuu danda'a. Yaadadhuu dirqaamni kee tajaajilawwan jiran ilaalchisee odeeffannoo sirrii, waktaawaa ta'e kennuu fi namoonni baraaraman waan sirrii ta'ee isaanitti mul'ate irratti murtee mataa isaanii akka taasisan gochuudha.

Fakkeenyan fayidaalee fi rakkoowwan armaan gadii yaada keessa galchi:

## BALAAWWAN gargaarsa barbaaduu

Carraa hiriyaan, maatin fi/yookan hawaasni nama oole sana argaachuu danda'anii, gara ija biraatiin ilaalamuutti, mana yookan hawaasa keessaa hari'amu, fi/yookan rakkoo baay'eef saxilamuutti geessuu danda'a.

Carraa namni yakkamaan(tootni) waa'ee waan nama irra ga'ee beeku akka danda'aniif, kan gara miidha jabaatti yookan hamma nama olee sana ajessuttilee geesisu danda'a.

Namoota baraaramaniif akka gargaarsa kennitootatti ilaalamu yoo ta'an, namoonni tajaajila kennan namoota yakka hojjataniin yookin hawaasaan carraan miidhamuu yookin sodaachifamuu irra gahuu ni jiraata.

Sirriitti hin leenjine yoo ta'e tajaajila dhiyeessitoonni ofirraa baasuuf jecha/garaa duuba carraan hojjachuu ni jira.

## QISAASAMAA FI MIIDHAA SAALAA

**nama mirga namommarra hojaatu yookan nama dhuunfa gargarsa namomma waliin wal qabateen**

Qisaasamaa fi Miidhaa Saalaa (PSEA) ittisuun jechoota nuti namoota qisaasama fi miidhaa saalaa saaxilamoo ta'an eegudhaaf tarkaanfiwwan/sadarkaawwan fudhataman.

Qisaasamnii fi miidhaan saalaa kun kan qaqqabu hojjattoota namoomaa fi namoota kanaan wal qabatan kanneen akka hojjattoota deeggarsa namoomaa, tola ooltota, naga eegdota, kontiraaktaroota, konkolachistoota, nama eergamaa UN gaggeesu, poolisii UN keessa hojaatu, dhiyeessitoota meeshalee fi tajaajila hojii namoomaaf fi kkf dabalatee jechuudha.

Yaakkamaan eenyu illee yoo ta'e, akkaataa qabiyyee/barruu kana keessatti kaa'ametti karaan baraaramaa QS ittiin gargaaran hin jijjiiramu. Dirqaama dabalataa yeroo yaakamaan gargaarsaa yookin gargaarsa namoomaan wal qabatutti, gaggeessaa PSEA yookin caasaa PSEA biyya keessa jiru qunnamu.

## FAYIDAAWWAN gargaarsa barbaaduu

Yeroo cinqamaatti gargaarsa lubbuu oolchuu argachuu.

Tajaajila kunuunsa fayyaa naga qabeessa, ogummaan deeggarama fi icciitiin isaa eegame kan HIV fi ulfa hin barbaachisne ittisu yeroodhaan argachuu

Filannoowwan nageenya fi deeggarsa xiin-sammuu dabalatee tajaajiloota kan biroo kan caalmatti namatti tolaanii fi eenyummaa namaa kabajan argaachuf.

Gargarsaa miidhaan dabalataa akka hin geenyefgargaaran argachuu.



# QOPHEESSI

## **Qophaa'un murteessa dha.**

Osooma taatotni GBV (kan gara GBV tti geessu yookan itti gaafatamaa GBV) naannoo kee hin jiraatiniiyyuu tajaajilwwan biroo kan naannoo keessaniti argaamu, kan sadarkaa naannoo/hawaasatti argaamu, kan fedha nama tokkoo galmaan gahuuf gargaaru jiraachuu mala.

Waa'ee tajaajila baay'ee kan yaaddu gararaatti beekuu dandeessa!

## **Waa'ee tajaajiloota jiranii beeki**

Waa'ee tajaajilawwan jiranii odeeffannoo guutuuf Fuula/shiitti odeeffannoo (fuula 5 fi 6) fayyadami. Hojaata ol aanaa GBV, dursaa kee, hiriyaa fi namoota biroo wajjin hojjadhu.

Eessa akka deemamuu qabu, eenyu waliin akka dubbattu, akkasuma eenyu eenyu agachuu akka danda'uu fi hin dandeenye (fkn. dubartoota qofa, galmees barbaadaman, kkf.) dabalatee waa'ee tajaajilawwan sana akkamiin akka argatanii odeeffannoowwan barbaachisoo ta'an barreessi.

Waa'ee pirootokoolii Qisaasamaa fi Miidhaa Saalaa ittisuu dursaa garee, gaggeessa sagantaa fi/yookan kilaasterii/ walitti qaba seektarraa kee gaafadhu.

Yoo eejjensiin keessan PSEA dhaaf pirootokoli hin qabu ta'ee, haala keessan keessatti qajeelfama argachuudhaaf itti gaafatamaa PSEA qunnamuu yaali.

## **Shaakalliin nama sirrii nama taasisa**

Iskiiriptii shakalaa fuula 7 -10 argaachudhaan akka isinitti tolu gochuu dandeessu.

Sagalee ol kaasuun yookin nama waliin hojjattuu fi hiriyoota waliin shaakali.

Yoo baraaramaan QS (GBV) gargaarsa kee barbaada ta'e, hanguma caalmatti shaakalaa deemtu baay'ee sitti tolaa deema.

Akkamiin meeshaalee/barruuwwan kana akka leenjitu/shaakaltu irratti odeeffannoo dabalataa argachuuf Qajeelcha Odeeffannoowwan Fayyadamaa ilaali.

Nama haala rakkisaa keessa jiruuf Qajeelchi Barruu Xiqqaan barbaachisaadha.

Yeroo itti aanuu yeroo namni sitti dhiyaatu yookan hiriyaan kee gargarsaa yookan gorsa barbaadee gara kee dhufetti, gaaffilee fi himoota barruu kana keessa jiran fayyadamuu shaakali.

# ILAALI

## **Yeroo namni miidhaa saala irratti hunda'e isa mudate siif qoodu...**

### **Of ibsi**

Maqaa kee, gahee kee fi eenyummaa kee ibsi.

Akkamiin akka gargaaruu dandeessu gaafadhu.

## **Fedhiwwan bu'uuraa hatattamaa ta'aniif deebii/deeggarsa laadhu**

Waldhaansa fayyaa hatattamaa, bishaan, nama jaalatan, yookan uffata qorraa yookan uffata yoo jalaa badeef, baqaqaa, kan ligidaaye yookan kan fuudhame dabalatee namni hundinuu fedhiwwan bu'uuraa garaa garaa qabaata.

Keessumattuu baraaramtoota QS tiif, uffatni waan ariitin isaan barbaachisuu dha akka miiri gaariin itti dhaga'amu fi itti toluuf.

Waa'ee nageenya fi eegumsa isaanii irratti namni oole sun miira itti dhagahamu akka sitti himan godhi.

Waan argitu irraa kaatee tilmaamuu irraa of qusadhu.

## **Karaa addaa addaa namoota gargaarsa barbaadan hubadhu**

Namoonni miira itti dhagahame akka barbaadanitti akka ibsatan eeyyami.

Namoonni yeroo dhiphina yookin rakkina keessa seenan miira garaa garaa agarsiisu.

Namootni tokko tokko hin caalisuu akkasuma dubbachu hin danda'aan; ni aaru akkasuma ni iyyu; waan isaan irra gaa'eef ofiitti aaru; ni boo'u; nama lolu fi kan kana fakkatan

## ILAALI (kan itti fufe)

Namoonni qaama miidhamoon, kanneen afaan kan biraa dubbatanii fi kanneen biroo yeroo gargaarsa barbaadanitti rakkoo garaa garaatu isaan mudata.

Baraaramaa giddu galeessa godhadhu

namoota dhuunfaa kana yeroo dhageeffattuu fi gargaartu qajeelfmaoota fi icciitiwwan eeguu qabdu.

Yooma nama tokko hin hubanne ta'e illee yeroo hunda kunuunsaa fo deeggarsa kennuu ni dandeesa.

Keessumattuu haala dubartoonni fi/yookin shamarran dhiira waliin haasa'uu hin dandeenye keessatti eeggarsa kennuudhaaf hojjattuun dubaraa jiraachuu ishee mirkaneessi.

### Waan gochuu dandeessu fi to'achuu hin dandeenye beeki

Haalonna tokko tokko kanneen akka haalota ijoollee hirmaachisuu danda'an, gabaasaa

murteessaa3haala ulfaataa namni olee dabarse, yookan abakka baraaramaan ofii isaa yookin nama biraa irratti miidhaa geessisuu danda'u deeggarsa ogummaa cim aa dandeettii kee gararraa barbaaduu danda'a. Qaamni dhimmi ilaalu/gaggeessan kan biraa jiraachuu danda'a

haala kana keessatti gargaaruf humna fooyyee qabu waliin.

Galmee odeeffannoo kee ilaali

(fuula 5 fi 6).

YAADADHU, nama si hoogganu yookan mirga namommarra hojjatu irraa gargaarsa yoo barbaadde,

YEROO HUNDUMAA jalqaba nama oole/baraarame sana eeyyama gaafadhu.

Eenyu waliin akka haasa'uu barbaaddu, maaliif akka waliin dubbachuu barbaadde fi odeeffannoo kam akka qoodu barbaaddu nama baraarame sanatti himi.

Baraaramaan odeeffannoo qooduu hin barbaanne yookin fedha hin qabu yoo ta'e, hanga danda'ametti qabiyyeewwan

Qajeelcha Barruu Xiqqaa kana kessa jiran fayyadamuun gargaari.

*3 Haalotni tokko tokko kan seerota gabaasaa dhimmoota sirrii barbaachisoo ta'an waliin wal-qabatan qabu.*

*Qajeelcha fi odeeffannoo dabalataatiif Itti gaafatamaa Eegumsa kee fi/yookin ogeessa Qoccoloo Saalaa (QS) gaafadhu.*

## DHAGGEEFFADHU

Erga fedhiwwan bu'uuraa nama baraaramee sun guutamuu mirkaneeffatee fi inni/isheen rakkoo hattatamaa keessa akka hin jirre mirkaneeffatteen booda, **DAGGEEFFADHU**.

Namni oole sun baay'ee aaruu fi/yookan bitaa itti galuu danda'a, garuu akka nama gargaarsa kennu tokkootti hanga danda'amen tasgabbaa'uu qabda.

Nama sana hanga danda'emetti odeeffannoo heddu yookin xiqqaa akkaataa fedha isaa/isheetti akka qoodu godhi.

Gorsuun ga'ee kee miti, nama sana gara bakka tajaajilaa geessi yookan

waa'ee waan isaan muddatee gaaffii fi deebii bal'aa waliin taasisi.

Waa'ee waan mudatee sanaa gaaffii gadi fageenyaa gaafachuurra, waa'ee tajaajilaa argaamani waan beektu odeeffannoo murteessa kennufiraatti xiyyeeffadhu.

**WAAN IJOO: Gaaffilee gaafachuu dhiisun gaaridha; keessumattuu gaaffilee "MAALIF" dhaan ka'an sababni isaa gaaffileen akkasii namni baraarame sun mirri ceephoo/gaabbiin akka itti dhagahamu taasisa.**

**Bakkasaa, dhageeffadhu yookan, yoo barbaachisee, gaaffilee akka kanaa gadii gaafadhu**

**"Waa'ee tajaajiloota jiranii kan si gargaaruu danda'an sitti himuu" yookan "akkamiin akka ani si gargaaru feeta?"**

## HUMNA DHAGGEEFFACHUU:

Yeroo tokko tokko nama baraaramaef kennuudhaaf haala tajaajilli yookin waanti itti fayyadaman hin jirre keessa jiraachuu dandeessa. Akka waan gargaarsa hin qabneetti of yaaduu dandeessa. Nama oole, baraarama sana jajjabeessudhaan ifatti waliin dubbachuun barbaachisaadha

akka muxxannoo isaanii isiniif qoodaniif, yeroo waliin haasoftu akka baay'ee gadditee fi gargaaruu dhabuu kee ibsii akkasuma kabaaja guddaa akka nama oole sanaaf qabduus itti himi.

Sirriitti hordoofuu fi sirriitti dhaggeeffachuun baay'ee gargaara akkasumas ofii isaallee.

## LIINKIWAN

Nama baraarama sana sadarkaa isaanii itti aanu irratti murtii akka fudhatan yeroo gargaartan...

**Namni inni/isheen amantu kan gargaaruu danda'u yoo jiraate nama baraarama gaafadhu.**

Yoo yaadni kee maal akka ta'ee gaafatamtee, namni oole sun gara kam akka deemu qabu akka murtoo godhu, yoomii fi maaliif kan jedhu akka murteessu jajjabeessi.

Haalichaaf yaadaa kee hin kennin.

**Yoo tajaajilii kamiyyu jiratee, waa'ee tajaajilawwan jiran yookin akka itti toluuf filannoowwan jiran irratti jiruu nama oole sanaaf odeeffannoo sirrii kenniif.**

Qopheen murteessa dha.

Galmee odeeffannoo (fuula 5 fi 6) fayyadami akkasuma waa'ee tajaajila argaamu waan sirrii, odeeffannoo wayyitawwa akka qabdu mirkaneeffadhu akkasuma akkamin akka argaachu dandeessu. Waa'ee tajaajila jiruu hin beektu yoo ta'e, hin beeku jedhi.

**kabaajan haasaa keessan xumuri.**

Iccitii eegii.

Murtee namni baraarama murtesse kamiyyuu sirriitti hojiirra oolchi.

Namni baraarama murtii homaatu hin taasifne yoo ta'e iyyuu, gaheen murtee fi filannoo isaanii keessatti baraaramtoota gargaaruu akka ta'e yaadan qabadhu.

Nama baraarama sana gorsuudhaaf yookin dhimma nama sanaa furuudhaaf walgahii yookin wal argee irra deddeebiin nama baraarama waliin hin taasisin.

**Haasaa keessan booda**

Yaada fi Eegumsa ofii gochuu: Waan gaarii ta'e hunda hojjachuu akka dandeessu yaadachuun kee barbaachisaadha, haa ta'u garuu waan nama kana mudate hiikuu yookin miidhama isaanii irraa bilisa gochuu hin dandeessu.

Waan namni biraan dabarsee dhageeffachuu fi dhaga'uun akka ati miidha isaan qaaqabe, waan nama nasiisuu yookan mudannoo baay'ee nama gaddisiisu si dhageessisa - akkasuma waan nama sodaachisuu lamaffaan si mudata.

Miirri kun yeroon sitti dhufu akkamitti akka of eeggannoo gootu bari.

Qajeelfama kennuu (icciitii nama bararamaef yaadatti qabachuun) fi gargaarsa barbaaduu ilaalchisee, hiritoota, dursaa garee yookin ogeesaa Qoccolloo Saalaa (QS) dabalatee mala fi caasaa gargaarsa kee gaafadhu.

Gossoonni miidhaa tokko tokko (fakkeenyaaf, miidhaa/qoccolloo mana keessaa) irra deddeebiin waan mudataniif nama kana irra deebiin arguu dandeessa yookin qoccolloon biraa irra gahuu ni barta.

Waan isaan mudate jijjiiruu hin dandeessu, garuu kanneen armaan gadii gochuu dandeessa: Yeroo mudannoo sana dhageeffattu waan namni oole/baraarama siin jedhu murtoo tokko malee dhaggeeffadhu; dura argitee yoo haasofsiiftes haasofsiisuu baattes.

Kanneen Qoccolloon Saalaa irra gahe sanaaf akkamitti akka sagantaa kee fooyyessitu, tajaajila laattu, akkamitti akka naga qabeessa gootuu fi naannoo mijataa akkamitti akka uumtuuf itti yaadi.

---

Namni  
baraarame kan  
natti dhiyaate  
sun daa'ima  
yookin  
dargaggeessa  
yoo ta'e hoo?

# IJOOLLEE FI DARGAGGOOTA WAGGAA 18 GADII GARGAARUU

## ERGAAWWAN IJOO

**Jalqaba wantootaa armaan gadii hubachuudhaaf yeroo hundaa ogeessa Qoccolloo Saalaa (QS) yookin eegumsa daa'ima** dubbisaa: (1) bakka isin jirtanitti tajaajiloota akkasumas (2) adeemsa fi dambii (pirotokoolii) naannoo akkamiitu argamuu.  
4

### Hin miidhiin.

Ijoollee oolte barbaaduf hin dhama'in. Daa'imichi/dargageessichi qoccolloo/miidhaan irra gahuu fi dhiisuu qorachuun gahee kee miti.

Kana gochuun miidha biraaf isaan saaxila akkasumas ijoollee/dargaggoo sanaaf yaadessaa dha.

Yoo ijoolleen/dargaggoo sun gargarsa kee barbaade/dde sirriitti itti dhiyaadhu.

### Ga'ee hojii keetii yaadadhu.

Yoo daa'imichi/

dargaggoo gargaarsa kee barbaacha dhufaan,

1. Dhageeti kee kennif, osoo itti hin murteessiin.
2. Nama dargaggoo/ijoolleen sun amanan waliin wal qunnamsiisudhaan gargaarsa godhiif. Kun maatii isaanii, nama kunuunsa kennu yookin miseensa maatii isaanii ta'uu dhiisuu danda'a.
3. Murtoo tokkollee isaaf/isheef hin kennin, yeroo inni/isheen sin waliin haasa'u/ftutti nama daa'ima/dargageessa sana kunuunsa yookin nama kan biroo kamuu of bira gochuu dabalatee jechuudha.

### Waan mijataa dhi'eessi.

Akka ijoolleen/dargaaggoo haasaa sana dursu godhi, yooma kana jechuun akka waan tajaajilicha dhaabatee fakkeessellee. Ijaan sirriitti ilaalin akkasumas haasaa miiraatiin duuka bu'ii akka ijoolleen/dargaaggoo ati duuka jiraachu kee beekuu

yoo barbaadan. Waa'ee waanta mudatee, eenyunii fi maaliif kan jedhu gaaffachuu irraa of-qusadhu - bakka isaa haasaa jajjabinaa fi bifa isaan si hubachuu danda'aniin itti dubbadhu.

**YAADADHU**, hojjataan/gaggeessituun QS yookin eegumsa daa'immanii naannoo kee yoo jiraate, ogeessa bira daa'imni/dargaggeessi sun akka dhaqanii sirnaan deeggaramaniif haala mijeessi. Yeroo **hojjataan/gaggeessituun QS yookin eegumsa daa'immanii naannoo kee hin jirretti** qajeelcha kana fayyadami.

## Ijoollee hunda wal qixa ilaali.

Ijoolleen hundi gargaarsa wal-qixa ta'e argachuu qabu osoo saalaf, umuriiidhaan hin qoodin jechuudha haala maatii, haala nama kunuunsa kennuu yookan eenyumaa isaanii kan biroo. Ijoollee Qoccolloo Saalaa (QS) mudate akka waan gargaarsa hin qabneetti hin ilaalin. Ijoollee hundinuu ciminaa fi dandeetti addaa kan mataasani qabu akkasuma dandeettii fayyuu qabu. Ijoollee baraaramanitti yommuu haasoftu bifa si hubachuu danda'anii fi yaada fi eenyummaa isaanii kabajuudhaan ta'uu qaba.

4 Dambiiwwanii fi adeemsoota irratti kanneen armaan gadii dabalatee itti gaafatamaa QS yookin eegumsa daa'immanii biyya keessa jiru gaafadhu: (1) icciitii irratti daangeffama jiruu fi (2) itti gaafatamaa QS fi eegumsa daa'immanii ramadame.

### Icciiiti eegi.

Yeroo daa'ima/dargaggeessa waliin turtii taasiftu bifa kamiinuu suura kaasuun, barreessuu fi galmeessuun dhorkaadha. Bibila yookan kompiyuutaraa sagalee waraaba jedhamee shakkamu kamiyyuu fageessii kaa'i. Waa'ee daa'immanii/dargaggootaa odeeffannoo kamiyyuu qooduuf dursa eeyyama gaafadhu. Kana jechun namuma daa'imman/dargaggoonni amananiif odeeffannoo qooduu yoo dandeesse illee eeyyama gaafachuu jechuudha.

### Nageenya ijoollee sanaa mirkaneeffadhu.

Nageenyi qaama fi miira ijoollee sana waan dursi kennamuufii qabuudha. Walitti dhufeenya isa yookin isa waliin gootu kamiyyuu keessatti, fi ejjennoowwan itti aanani fudhataman waliin wal qabsiisee, nageenya daa'ima yaada keessa galchi.

Haala tokko tokko keessatti **fedhii daa'ima sanaa** fi fayyummaa qaama yookin sammuu isaa/isheetiif akkamitti deeggarsa akka godhamu tarii ifa ta'uu dhiisuu danda'a. Yoo waa'ee haala jiru sanaa nageenya isaa sirriitti hin beektu ta'e, nama biroo kan tajaajila kennu kan nageenya isaa yookin ishee eeguu irratti muuxannoo caalaa qabu bifa icciitiin isaa eegameen gaafachuu akka barbaaddu daa'ima sanatti himi.

### Daa'imman/dargaggoonni yookin namni isaan kunuunsu akkamitti gargaarsa akka barbaadan adda baafadhu.

Daa'immanii fi dargaaggoonni haala ga'eessotaa irraa adda ta'een gargaarsa barbaadu, akkasuma yeroo tokko tokko ibsa kallati hin kennan. Daa'imman ga'eessota amanuu yookan duuka dubachuun ni sodaatu, keessattuu ga'eesota isaan sirriitti hin beekne; sodatuu, qaanii yookan yeeloo tu mudata; yookan miira isaanii ibsuuf nii sodaatu. Ati: (1) waa'ee miidha ijoollee dhaga'uu dandeessa, (2) ga'eessota ijoollee gargaarutti dhi'aachuu dandeessa yookan (3) miidha daa'imman irra ga'e arguu dandeessa, mallatto irratti hundaa'un yookan amala daa'ima sana irratti hundaa'un.



# GODHAMUU KAN QABUU FI GODHAMUU KAN HIN QABNE

## WAA'EE DAA'IMMAN/DARGAGGEESSA GARGAARSA BARBAADANII NAMNI DEEGARSA AKKA GOOTU YOO SI GAAFATE...

**GODHI** nama gargaarsa si gaafateef tajaajila jiru irratti odeeffannoo waktaawaa fi sirrii ta'e laadhu.

**Waan barte nama kamittuu** HIN himin yookin waliin HIN MARI'ATIIN.4

**GODHI** icciitii eegi.4

Jette jettee/haasaa namaa yookin daa'imman/dargaggoota sana barbaaduu/gaaffii gaafachuu DHIISI/HIN GODHIN.

## ILAALI

## YOO DAA'IMNI/DARGAGGOON SUN GARGAARSA KEE BARBAADE...

**GODHI** yoo bakka caallisaa fi dhuunffaatti isin waliin dubbachuu barbaadan daa'imman/dargaaggoon sana gaafadhu. Bakka namoonni biraa isin argan garuu kan isin hin dhageenye ta'uu isaa mirkaneeffadhaa.

Daa'imman/dargaggoota bakka namni hin jirre yookin fedhii isaanii malee nama irraa adda bahan HIN GODHIN.

**GODHI** akka qixaa ija isaanii teesse sirriitti beeki. Miira qaama sirrii qabaadhu.

Miidhaan, miirri namatti hin tolee fi nama qaanessu namatti dhagahamuu danda'a waan ta'eef, tuttuquun, hammachuun yookin qaaman bira gahuun DHORKAADHA/HIN GODHAMU.

**GODHI** dubartii yookin dhiira akka isaanii waliin haasa'uu barbaadu yoo ta'e dubartoota fi dhiirota gaafadhu.

## DHAGGEEFFADHU

**GODHI** Haasaa afaaniin hin taane sirriitti dhageeffadhu akkasuma sirriitti caqasi.

**GODHI** waan jedhame osoo murtii hin kennin fudhachuudhaan tasgabbii fi obsa qabaadhu.

**GODHI** daa'immanii/dargaggoonni jechoota mataa isaanitiin akka ofii isaanii ibsan godhi.

**Gaaffi fi qorannoo irratti** HIN GAGGEESSIIN.

Odeeffannoo waa'ee daa'immanii/dargaggootaa yookin mudannoo isaanii hin barreessin, suura hin kaasin yookin afaaniin namatti hin himin.

Naasuu, amanuu dhabuu, aarii yookin miira kamiyyuu kan daa'imman/dargaggoota miira hin taane keessa akka galan isaan taasisu HIN AGARSIISIN.

Jechoota gurguddaa fayyadamuu yookan sammuu daa'imman/dargaaggootaa ol ta'eHIN HAASA'IN.

## JAJJABINA/HAALA MIJATAA

**GODHI** waanti daa'imni/dargageessi sun sitti hime/te homaa rakkoo akka hin qabne irra deebiin mirkaneessif.

**GODHI** Yaada, ilaalcha fi beekumsa daa'ima sanaa kabaji.

**GODHI** jechoota nama jajjabeessanii fi aadaa sanaa wal siman fayyadami...

fakkeenyaaf kan dabalatan:

“Sin amana” – amantaa ijaara

“Kana nati himu keef nati toleera” –

Ijoollee waliin hariiroo uuma

“Waan mudannoo kee naf qooddef galatoomi” –

gara laafina agarsiisa

“Anatti haasa'uu keetif ati goota dha” –

irra deebiin mirkaneessu fi jajjabeessuu

Yeroo itti nageenya daa'ima mirkaneessuun humna keetii ol ta'utti, waadaa eeguu hin dandeenye, fakkeenyaaf “Waanti hundinuu ni SIRRATA” waadaa jedhu fa'aa HIN GALIN.

Inni/isheen si waliin haasa'uuf fedhii hin qaban yoo ta'e, akka si waliin haasa'an HIN DIRQISIISIN.

## LIINKIWWAN

**GODHI** Yoo namni daa'imni/dargaagoon sun amanu jiraate fi yoo isaan nama sana waliin wal arguuf fedha qabataan, yookan fedhi nama sana arguu irraa mul'atee gaafadhu.

**GODHI** hanga daa'imni/dargaagoo sanatti nageenya dhaga'aamutti yookan nama biraa isaan amanani fi nageenya isaanii eegu argaatanitti nama sana waliin turi .

**GODHI** tajaajiloota jiran irratti daa'ima/dargaagoo fi ga'eessa isaan amananiif kan sirrii, wayyitaawwa fi akkamiin akka argaatan ilaalchisee odeeffannoo sirrii fi waktawaa kenniif

**GODHI** waan beektu fi hin beekne dubbadhu.

Odeeffannoo barbaadame sana hin beektu yoo ta'e, “Hin beeku” yookin “Odeeffannoo sana hin qabu” jedhi.

Humnan daa'imni/dargaagoon akka nama kunuunsun argaatu yookan namni biroo kan isaan waliin jiruu sun akka miidha sanaf yakkamatti isaan ilaala ta'ee, yookan, daa'imni/dargaagoon sun nama sana waliin waan isaan mudaate qoodu hin barbaadan ta'ee HIN DIRQISIISIN.

Yeroo daa'ima/dargaagoo sanatti miirri gaariin itti hin dhagaa'amne (fakkeenyaaf boo'uu, aarii yookin naasuu keessa jiraate) kophatti HIN DHIISIN.

Ofiin waan mudate sana furuuf , karoora baasu yookan daa'ima/dargaagoo sanaaf murtoo kennuuf HIN YAALIIN.



# Murtii kennuudhaaf wabii dandeetti fi umurii daa'immanii

Ogeessi ogummaa addaa qabu – daa'imman/dargaggoota QS isaan mudate waliin hojjachuu irratti muuxannoo kan qabu – haala daa'immanii murteessudhaaf bakka olaanaa qaba dandeettii dargaaggoo murtii kennuudhaaf daa'imman/dargaggoota mataa isaani fi nama(moota) gargaarsa godhaniif waliin ta'uudhaan.

**Akka nama ogeessa ol aanaa hin ta'in tokkotti ga'een kee dhageefachu fi akka miirri gaariin daa'ima/dargaagooti dhaga'amu gochuudha, nama isaan amanan tokko waliin wali qunnamsiisuu, akkasumas waa'ee tajaajilawwan jiranii odeeffannoo kennuufidha.**

Ramaddiin umuuri kanaa gadii akka gaggeesitu qofatti kan gargaaru ta'ee umurii, sadarkaa bilchinaa, sadarkaa guddinaa fi sababoota biroo irratti hundaa'un jijjiiramu mala.

Dargaggoonni waggaa 15 fi isaa olii walumaa galatti akka nama gaheessatti ilaalamu; kunis murtoo mataa isaanii dabarsuu fi waan isaan mudatee hubaachuudhaaf.

Ga'een kee: (1) daragagoonni waan isaan mudate yommuu sitti himan dhaggeeffachuu, (2) gargaarsa itti aanuuf ijoollee sana nama isaan amanan waliin wal qunnamsiisuu fi (3) waa'ee tajaajiloota jiranii fi akkamitti argachuu akka danda'an odeeffannoo kennuufidha.

**Ijoolleen umuriin isaanii waggaa 6 hanga 9 fi dargaagoonni umuriin isaanii waggaa 10 hanga 14 jiran** miidhaa qoccolloo isaan mudate gabaasuu yookin gabaasuu dhiisuu danda'u. Isaan of danda'anii murtii mataa isaanii fudhachuu yookin fudhachuu dhiisuu danda'u.

Ga'een kee: (1) daa'imman/dargaggoota sadarkaa itti aanutti nama amanamaa isaan gargaaru akka barbaadan isaan gargaaruu fi (2) waa'ee tajaajiloota jiranii fi akkamitti argachuu akka danda'an irratti daa'imman/dargaggoota fi nama ga'eessa adda adda baheef lamman isaanitiif odeeffannoo laachudha.

**Daa'imman xixiqqoo fi ol adeemtonni umuuri waggaa 0 hanga 5 jiran** dandeettii haasaa waan hin qabneef yookin dandeettii haasaa murtaa'aa waan qabaniif miidhaa/qoccolloo isaan irra gahu of danda'anii ibsuu/gabaasuu hin danda'an.

Nama biraa -hiriya, nama kunuunsa kennu, miseensa maatii, miseensa hawaasaa kkf.

- bakka daa'imaan sanaa gargaarsa ni barbaadu.

Ga'een kee: nama bakkasanii bu'eef odeeffannoo waa'ee tajaajiloota argamani beeksisuu fi akkamiin akka argaatan itti himuudha.

Kan irraa fudhatame: UNHCR, Best Interest Determination Guidelines, 2008.

IRC/ UNICEF,  
Caring for Child Survivors of Sexual Abuse, 2012.

Qabiyyeen kun Qajeelcha Qoccolloo Saalaa QS 2015 IASC tiif qajeelcha gageessituudha.

[www.gbvguidelines.org](http://www.gbvguidelines.org)



[www.gbvguidelines.org/pocketguide](http://www.gbvguidelines.org/pocketguide)

Qajeelcha Barruu Xiqqaa Qoccolloo Saalaa (QS)